

## ETIYOOPHIYAA

## DHUGAA FI LAKKOOFSA

AMAJJII - MUDDE 2020



Uummata sababa walitti bu'iinsaan miidhaman, naannoo Beenishaangul Gumuz , aanaa Yaasoo jiraniif odeffannoo ittisa dhibbee korona/ "COVID-19" rabsaa sanyii minaanii irratti yeroo kennamuuf, 2020.

KQDIAn bara jalqaba lola 1977 Itiyooophiyaa fi Somaaliyaa giddutti ta'ee eegalee Itiyooophiyaa keessa jira. Hojii gurguddoon amma biyyatti keessatti hojjetaa/dalagaa jiru, qabiinsaa fi haala sirreeffamtoonni seeraa keessa jiran mirkaneeffachuu fi daawwii sirreeffamtoota seeraaf gochu, qama miidhamtoota gargaaruun, akka tajaajila ga'umsaa fi ittifufiinsa qabu argataniif gochuu dha. Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyooophiyaa (WQDI) wliin walitti dhiyeenya jabaan hojjechuun tajaajila maatii gargar babbadan, keessumattuu sababa walitti bu'iinsaa hidhannoon deggerameef haala jeequmsa biroof jecha gargar bahan deebisanii wal-quunnamsiisuu fi gargaarsa namoota sababa walitti bu'iinsaaf qe'ee isaanii irraa buqqa'aniif dhiyeessa. KQDIA beekumsa/hubannoo Seera Namoomaa Idil-addunyaa miseensota humna ittisa biyyaa fi poolisii, akkasumas dhaabbilee barnootaa olaano, Ogeeyyii seeraa fi qaama himaammata baasanii ni jajjabeessa. Ji'a/Baatii bitootessaa bara 2020 irraa eegalee, KQDIA, bakka bu'iinsi Itiyooophiyaa, tatamsa'ina dhibee daddarbaa, Vaayiresii Koronaa biyyattii keessatti mul'ate saffisaan hubachuun hojii to'annaa dhibichaa battalumaan hojii waliigalaa biyyattii keessatti hojjetaa jiruun wal-simsiisuun hojii ittisa dhukkubichaa irratti hirmaachaa jira.

## BAKKAAWWAN MANA AMALA SIREESSAA

## AMAJJII HANGA MUDDE 2020, KQDIA:

- Sirreeffamtoota Seeraa **17,180** daawwachuun deggersa meeshaalee qulqullinaa dabalatee, uffata, bukkula/uffata halkanii fi meeshalee bashannanaa, manneetii amala sirreessaa **19** naannolee adda-addaa keessa jiran sirreeffamtoota **8,200** fayyadu dhiyeesseera. Hordoffii Sirreeffamtoota seeraa dhuunfaan nama **30** of godheera
- Sirreeffamtoota seeraa saaxilamoo ta'an **439** manneetii amala sirreessaa adda-addaa Federaalaa fi Naannolee keessa jiraniif, hanqina isaanii furuuf meeshaa yaalaa fi mit-yaalaa "Medical & Non Medical Items" (meeshaa sochiif fayyadu, qulqullinaa fi kabajaa) dhiyeesseera.
- Sirreeffamtoota seeraa **2,900** manneetii amala sirreessaa sagal keessa jiran akka bishaanii fi qulqullinna fooyya'aa argachuu danda'aniif karaa hojii ijaarsaa/suphaa gochuun degereera.
- Saamunaa **290,900**, buufataalee meeshaa harka dhiqannaa **170**, kilooriinii liitira **162**, dhangala'aa harka qulleessu liitira **330**, dispenserii **98**, barruulee ergaa ittisa Koronaa/ "COVID-19" ibsan **1000** fi dhibeeleero biro bakkaawwan mana amala sirreessaa **41**, sirreeffamtoota **50,000** qabatanii naannolee hundaa keessatti argamaniif rabsameera
- Tajaajila bilbila tolaan Sirreeffamtoonni seeraa **4,576** wal-quunnamtiin maatii isaanii akka deebi'u/ ittifufu godhameera



Meeshaalee qulqullinaa mana amala sirreessaa Gondar, naannoo Amaaraaf kenne, 2020

Wilson Monday/ICRC

## MAATILEE GARGAR BAHAN



### AMAJJII HANGA MUDE 2020, KQDIA:

- Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyooophiyaa waliin ta'uun, meeshaalee barbaachisoo ta'an godaantota Itiyooophiyaa gara biyyaatti deebi'an **7,446** bakka adda bahiinsa "Quarantine" **7** keessa turanii Yuniversitii Saayinsii fi Teeknooloojii Addis Ababaa dabalatee dhiyeeffameera. Godaansaa-deebitoonni **2,533** tajaajila bilbila tolaa irraa kan fayyadaman yoo ta'u, **340** ijoollee maatiin adda jiran, maatii quunnamuu danda'anii dha.
- Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyooophiyaa(WQDI) waliin ta'uun baqattoota **48,155** maatii isaanii biyyoota isaan irraa baqatan keessa jiran waliin akka wal-quunnaman godhameera. Gaaffii barbaacha haaraa **268** namoota miseensi maatii isaanii biyya keessaa fi alatti/ambaatti jalaa/irraa badan barbaadan irraa fuudhuun namoota **34** arguun akka wal-quunnaman godhameera.
- WQDI In Wal-tumsuun, miseensota maatii sababa walitti bu'iinsaa/jeequmsaaf walirraa faffca'anii Ergaa Qaxxaamura Diimaa (EQD) **468** maatilee gidduutti wal jijjiirameera.
- Barruu suuraan barbaaduu "Tracing Snapshot" lama suuraa baqattoota Sudaan Kibbaa maatii isaanii barbaadan **396** qabate maxxansameera.

## FAYYAA



### AMAJJII HANGA MUDE 2020, KQDIA:

- Ga'umsa deebii ittisa balaa isaanii jajjabeessuu kaayyeffachun, meeshaalee yaalaa bu'uura ta'an buufataalee fayyaa **6** fi hospitaalota **5** naannolee adda-addaa keessa jiraniif, dhiyeeffameera.
- Deggersa ogummaa ji'a-ji'aa, meeshaalee yaalaa hanqatan guutuu fi meeshaalee/uffata haawwan buufata fayyaatti dahaniif kennamu, buufata fayyaa afur Husee, Cinaaksan, Tulliguleedii fi aanaa Mayyuuf kennuun haawwan **1,300** buufataalee kana keessatti dahaniif akka kennamu ta'eera. Meeshaa of-eeggannoo kana akka aproonii, boottii, glaavii, saamunaa dhangala'aa fi meeshaa keessaa dhiqatan buufataalee armaan oliif raabsamaniiru.
- Dhaabbata Buufata Fayyaa Hawwaasaa Itiyooophiyaa fi Ministeera Fayyaaf leenjii karaa of-eeggannoo fi kabaja qabuun reeffa "COVID-19" wal-qabatu afur qindeessuun ogeeyyii **70** Finfinnee fi naannolee adda-addaa irraa dhufaniif kennuun deggerameera.
- WQDI waliin ta'uun firaashii **2,500**, amsoolaa **2,500**, saamuna fi qulqulleessituu **20,000**, buufataalee namoonni Koronaan qabaman "COVID-19" itti yaalii argatan **17** naannolee Amaaraa, Oromiyaa Finfinnee, Dirre Dawaa, Somaalee fi Harariif dhiyaateera.



Buufata Fayaa Cinaaksan, naannoo Oromiyaa, kan KQDIA/ICRC deggeramu keessatti Deessuun yeroo muchaa ishee kunuunsitu, 2020.

## HAWAASA WALITTI BU'IINSAAN MIIDHAMEE FI HIN MIIDHAMIN

### AMAJJII HANGA MUDE 2020, KQDIA:

- Gumaacha sanyii minaanii: boqqolloo toonii **151** (toonin 1 kuntaala 10 qabata), mishingaa toonii **36**, boloqqee/lojoo toonii **50**, xaafii toonii **56**, miseensota maatii **74,300** sababa tasgabbi dhabeenyaaf miidhaman, Oromiyaa keessaa (Baha Hararghee fi Baha Wallaggaa), Somaalee keessaa (Fafaanii fi Eerer), Benishaangul Gumuz keessaa (Kamashii) gochuun akka jiruu fi jireenyi isaanii iddootti deebi'uf gargaarsi godhameera. KQDIA gargaarsa qarshii abbaa warraa tokkoof hanga qarshii **1000-1400** ta'u abbootii warraa walfakkaataaf kennuun akka waantota qonnaa fi tajaajila isaaf barbaachisan ittiin cufatan godheera.
- Meeshaalee mit-nyaataa (sharaa mana ittiin ijaaran, jibbaa/minxaafii, Bukkula/uffata halkanii, Jaarkanii, saamunaa fi qodaa itti bilcheffatan) namoota buqa'an **2,500** ta'an naannolee Amaaratti (Quwaaraa,) fi Somaalee (Tulligulee) jiraniif raabsameera.
- Gargaarsa qarshii namoota **1,770** ta'an tasgabbi dhabbenyaan naannoo Amaaraa (Gondor kaabaa) fi Gambeela keessaatti miidhamaniif godhameera.
- Talaalii beelada/horii, dhibee sadiif (Antraaksii, Blaakleegii fi paastoreellaa) **450,000** oliif namoota horsiisaa fi qonnaan bulaa ta'an daangaa Oromiyaa fi Somaalee kaabaa jiraataniif **196,800** kennameera.



Piitar Maawuraa, Presidaantii KQDIA, namoota sababa walitti bu'iinsaan miidhaman naannoo Somaalee, Tulligulee, araddaa Sariir keessatti yeroo dhageeffatu, Amajjii 2020, dhohiinsa dhibee Korona "COVID-19" Itiyooophiyaa keessatti ta'een dura.

## BISHAANII FI BAKKA JIREENYAA



### AMAJJII HANGA MUDDE 2020, KQDIA:

- Ijaarsa bishaan boollaa naannoo Somaalee, zoonii faafan, aanaa baabbillee araddaa kaaliyaalee namoota **4,500** fayyadu xumurameera.
- Buufata fayyaa fi kuusaa daawaa beeladaa namoota **10,000** fayyadamaa godhu baha Harargee, Calloo fi Roggeetti ijaarameera.
- Bishaan buufata fayyaa (Oromiyaa) Cinaaksanii fi Somalee (Tulliguleed) suphameera.
- Marsaa jalqabaa bishaan boollaa baasuu araddaa Roggee xumurameera. Projektiin kun namoota sababa walitti bu'iinsaaf miidhaman **10,000** fayyada jedhamee eegama.



Jiraattota araddaa Awjaabir, aanaa Baabbillee, naannoo Somaalee, sababa walitti bu'iinsaaf miidhaman yeroo bishaan warabbatan, dhibee Koronaa/"COVID-19" dura, 2020.

## QAAMA-MIIDHAMTOOTA



### AMAJJII HANGA MUDDE 2020, KQDIA:

- Giddu-gala tajaajila Qaama miidhamtoota sagal, Naannolee Oromiyaa, Amaara, Hararii, Kibba, Beeninshaangul Gumuzii fi Somaleef meeshaa qodaa harka dhiqannaa baatuu, meeshaalee qulqullinaa fi barruulee ergaa ittisa dhibee Koronaa "COVID-19" qabu rabsameera
- Afaan biyya keessaa afuriin quunnamtii hammataa ta'e, ilaalcha fi amala qajeelaa namoota qama-midhaamoo ta'an irratti akka qabaatamu irratti Waldaa Federeeshinii Qaama-Miidhamtoota Itiyooophiyaa waliinTiivii fi Raadiyoon sadarkaa biyyoolessaa fi naannootii qilleensarra oollera.
- Ministeera Fayyaa fi Waldaa Qaama-Miidhamtoota biyyoolessaaf, Finfinnee keessatti bakka adda bahiinsa **12**, Qaama-Miidhamtootaf mijaawu qorachuun deggersa godheera.
- Giddu-galli tajaajila qama-miidhamtootaa shan akka haguuggii fuulaa naannootii hojjetamu **4,000** oomishanii Ogeeyyi fayya adda-dureen hojjetaniif kennamuuf deggersi ta'eera.
- Qaama-Miidhaamtoonni **2,918** akka Giddu-gala tajaajila Qaama-Miidhamtootaa **10** KQDIA gargaaru deemanii gargaarsa fedhan argachuu danda'an dandeessiseera. Issan keessaa namoonni **76** rakkoo diinagdee hamaaf saaxilamoo waan ta'aniif baasii geejjibaa fi nyaata isaanii KQDIAn cufameera.
- Sirreeffamtoota Seeraa **53f** tajaajila meeshaa deggersaa guutuu meeshaa sochii, wiilcherii, dhaabata/Kiraanchii, kophee bakka bu'aa, fi miilla nam-tolchee dhiyeesseera.



Hojjetaan KQDIA, yeroo deggersa oomisha haguuggii fuulaa, giddu-gala tajaajila qaama miidhamtootaa Baahir Daar, naannoo Amaaraatti godhu, 2020.

## ITTISA/QUUNNAMIITII

### AMAJJII HANGA MUDDE 2020, KQDIA:

- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Mirga dhala namaa, qorannaa yakkaan wal-qabsiisee hoggantoota qorattoota yakkaa **35** fi namoota biroo Koomiishinii Polisii Naannoo Oromiyaaf kennameera.
- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Mirga dhala namaa, to'annaa tuutaa/sochii namoonni hedduminaan godhaniin wal-qabsiisee namoota **31**, ajajoota Poolisii Humna Addaa Komiishinii naannoo Amaaraaf kennameera
- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadrkaa Mirga dhala namaa, ajajoota Raayyaa Itisa Biyyaa Kaabaa fi Kibbaa **80f** kennameera.
- Kiliinika Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa biyyattii keessatti isa jalqabaa ta'e, Yuunivarsiitii Finfinnee keessatti akka ijaaramuuf deggerameera.
- KQDIA mallattoo walhubannoo /"Memorandum of Understanding" Yuunivarsiitii koolleejii Poolisii Itiyooophiyaa waliin waa'ee dhibee koronaa irratti shoora poolisiin fayyaa"COVID-19" ittisuu keessatti qabu, Sabaa-himaalee polisii fayyadamuun hawaasa barsiisu irratti godheera. Glaavii **16,950**, Haguuggii fuulaa/Maaskii **4,186**, qulqulleessituu harkaa liitirii **200**, sagalee-guddistuu **50**, akka qama waliigaltichaatti Yuunivarsiitii Koolleejii Poolisii kanaaf gumaacheera.
- Fuula Feesbuukii KQDIA/ "ICRC" Itiyooophiyaa irratti maxxansaalee **100** ol waa'ee seera bu'uura, hojii/dalagaa KQDIA fi WQDI, fi ittisa dhibee koronaa "COVID-19" dabarsu maxxanfameera.

## WALIIN-HOJII WLDAА QAXXAAMURA DIIMAA ITIYOOPHIYAA (WQDI) WALIIN




### AMAJJII HANGA MUDDÉ 2020, KQDIA:

- Meeshaa gargaarsaa 1,000 ( qodaa mana keessatti itti fayyadaman) kan maatii 2,200 fayyadu WQDIf gumaacheera.
- Babal'ina dhibee Koronaa/COVID-19 naannolee hunda keessatti ittisuuf kan oolu, qarshii miliyoona 2.7 WQDIf gumaacheera.



Hawaasa sababa walitti bu'iinsa miidhaman, naannoo Oromiyaa, aanaa Baabillee, araddaa Erer Ibaadaa yeroo sanyii minaanii fudhatan, 2020.



©ICRC 2020 The boundaries, names and designations used in this report do not imply official endorsement, nor express a political opinion on the part of the ICRC, and are without prejudice to claims of sovereignty over the territories mentioned.

- |                                                                                          |                                                                                              |                                                                                                                                 |                                                                                                                               |                                                                            |
|------------------------------------------------------------------------------------------|----------------------------------------------------------------------------------------------|---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|-------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|----------------------------------------------------------------------------|
| <ul style="list-style-type: none"> <li>⊕ Delegation</li> <li>⊕ Sub-delegation</li> </ul> | <ul style="list-style-type: none"> <li>● Capital City</li> <li>● Regional Capital</li> </ul> | <b>ICRC major activities</b> <ul style="list-style-type: none"> <li>E Economic security</li> <li>W Water and Habitat</li> </ul> | <ul style="list-style-type: none"> <li>H Health and physical rehabilitation</li> <li>V Visit of place of detention</li> </ul> | <ul style="list-style-type: none"> <li>R Restoring Family Links</li> </ul> |
|------------------------------------------------------------------------------------------|----------------------------------------------------------------------------------------------|---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|-------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|----------------------------------------------------------------------------|



ICRC

Facebook.com/ICRC AFRICA  
twitter.com/ICRC\_Africa  
Instagram.com /icrc.afrique

Bakka Bu'iinsa KQDIA  
Kutaa Magaalaa Boolee,  
Ganda 12/13, LK Mana, Haaraa  
L.S.Poostaa 5701, FinFinnee  
Bilbila +251116478300  
Faaksii +251116478301  
add\_addisabeba@icrc.org  
www.icrc.org

**Naqamtee**  
Kutaa Magaalaa Qassoo  
Ganda 05, Lakk Manaa 290,  
Bilbila: +251 34 440 8353  
Faaksii: +251 34 440 657

**Maqalee**  
Waradaa: Dabuub Lakk 16  
Bilbila: +251 34 440 8353  
Faaksii: +251 34 440 45 40

**Jijigaa**  
Zoomii 2 Ganda 10, LK Mana 0196  
Bilbila +251 25 278 8149

KQDIA addunyaa guutuu keessatti, uummata sababa walitti bu'iinsa meeshaa waraanaan deggerame fi haala tasgabbi dhabiinsaa biroon miidhamaniif waan danda'u hundaan kabaja isaanii eeguu fi rakkina isaanii salphisuuf, yeroo hedduu Waldaa Qaxxaamura/Baatii Diimaa waliin gargaara. Dhaabbatiichi, bu'uraalee waliigalaa namoomaa dur-suun. seera namoomaa beeksisuu fi dadhabbi hiri'suu barbaada/fedha.



ICRC